



# Bibliani Ijoolee

Gaafa Waaqi Waan  
ch'uufa mid'aasse



Nami t'aafe: Edward Hughes

Ka choore: Lazarus  
Alastair Paterson

Ka gadi deebise: Bob Davies; Tammy S.

Ka afaani deebise: Christian Lingua Translation  
Agency [Christianlingua.com](http://Christianlingua.com)

Ka gadi baase: Bible for Children  
[www.M1914.org](http://www.M1914.org)

©2020 Bible for Children, Inc.

Lesana: Atini d'uga odu tana irra baafatteni yokhaani gadini  
baafattu hinqabda ammo hingurgurini.



Ennutti nu mid'aasse? Bibliani, Dubbini Waaqa, akka  
d'alooti nama jala qabate nutti himti. Duri, Waaqi  
nama qara uume maqa isa Adamu itti baase. Waaqi  
Adamau biyye lafa irra mid'aasse. Waaqi afuura  
jireenna Adamuutti baafate jeennani, inni  
jireenna argate. Inni duuba  
obru mid'aaddu Edeni  
jed'aani keessatti

ufi arge.




Ato Waaqi Adamu hinumminu, Inni lafa dansa waan  
dansaani guutamte mid'aasse. Ejjatuma ejjatani  
Waaqi fula garrenitiifi ka buuyyo qabdu mid'aasse,  
ka daraara urgaafi mukha d'ed'eerafi, simp'irre koola  
mimmid'aaga qabduufi kinniisa ginnissufi, qurt'uummi  
guggurdo bubburraat'ufi ilqaa yayyaaulle.

D'uguuma, Waaqi waan jirani  
ch'ufo uume - waan  
ch'ufo.



Gafa qara fiit'e, ato Waaqi woma  
tokkole himmid'assini, wonti  
tokkolleni hinjirtu Waaqa male.  
Nama yokhaani fulaafi wonti  
tokkolleni hinjirtu. Woma  
hinjirani. Ibsaafi  
dukkantilleni  
hinjirtu. Gubbaafi  
jaltilleni hinjirtu.  
Kaalefi boorilleni  
hinjirtu. Waaquma  
ch'allaatti jira Ka jala  
qabata hinqamne. Duuba  
Waaqi wo tolche.




Qara fiit'e,  
Waaqi gubbaafi  
lafa uume.



Ammalle lafti duwa, fuula  
hinqabdu, akka hinjirtu.

Ammalle dukanti  
d'immu bisaani  
gubba jirti.

Duuba Waaqi  
dubbaate,  
"Ifsaani  
ha tahu."




Duuba Ifsaani tahe. Waaqi ibsaani guyya jed'e,  
dukkanani halkani jed'e. Galgali tahe, diramilleni  
tahe guyya qara tahe.





Guyya lammessoo, Waaqi bisaani maanyaafi bariniifi  
galaana keessa jiraani gubbaa jalaatti deebise.  
Guyya sadeesso, Waaqi waan jed'e, "Lafti godduuni  
ha gadi baatu." Tulleeni taate.



Waaqi ammalle buyyoofi daraarafi raasafi  
mukheeni akka isaani gadi bahani mure.

Worrilleni gadi bahe. Galgali  
tahe diraamilleni tahe,  
guyya sadeessoo.



Duuba Waaqi adu, jia, urjille  
muumme hinqamne ta namu  
dandae hinhenne mid'aasse.  
Galgali tahe diraamilleni tahe,  
guyya afreesso.




Bineensa bisaani keessati,  
qurt'umiifi simp'irreni waan  
Waaqi mid'aasse ka itti aantu  
keessa jirti. Guyya shaneesso  
Inni qurt'umi akka shefti  
jirtuufi, qurt'umille didiqofi,  
ta akka guchi miila saadii  
jirtuufi simp'irroole  
gammadani sirbitu mid'aasse.  
Waaqi qurt'ummoole akka akka  
mid'aasse bisaani laafa guute  
ammalle simp'irroole biifa  
ch'ufa lafaafi bisaaniifi gubbaati  
barshiifu mid'aasse. Galgali tahe,  
diraamilleni tahe, guyya shannesso.



Eegi suni, Waaqi ammalle dubbate. Inni waan jed'e, "Lafti ka bineensa lubbu qabu gadi yaaftu..." Bineensa akka ch'ufo didiqa lafa irra yaaufi ka lafa irra looule. Arba lafa chochosufi, bineensa mukha qotuulle. Qamalle tatap'atuufi, bineensa wo dorsisulle. Sotowwa d'ed'eraafi qat'urre bobotulle. Bineensa akka ch'ufo Waaqi guyya suni mid'aasse.

Galgalleni tahe diramilleni tahe kunini guyya jaeesso.



Waaqi ammalle waani d'ibi guyya jaeessoo  
hojjate - waan guddo jabduu. Wonti ch'ufti  
amma Namaa kurfo jirti. Sagaleni lafa jirti bineensi  
isa hojatulleni. Duuba Waaqi waan jed'e, "Koota

nama mid'aasina fakeennafi  
akheekha keenna gula. Inni ka  
waan lafa irra jiraani ch'ufa  
mohatu." DUUBA WAAQI

NAMA AKHEEKHA  
UFI GULA UUME;


FAKEENNA WAAQA  
GULA ISA UUME...



Duuba Waaqi  
Adamuni dubbate.  
"Waani feetu  
ch'ufa obru keessa  
nyaadd'i. Ammo  
mid'aani mukha  
waan dansaafi  
hamtu gargari nama  
hubachisu hinyatini.  
Yo atini nyaatte  
atini inuma doota."




Ammalle AABBO WAAQI waan jed'e, "Nami kunini ka koba tau dansaaniti, waheela isaa male tolchaafu." Waaqi simp'ireefi bineensa ch'uufa gara Adamutini d'ufe. Adamuni maga baasefi. Inni guddo qaro ka dandae waan suni tolchu. Ammo simp'ireefi bineensa suni keessatti Adamuni waheela isa maale hinarganne.





Waaqi irriba jaba Adamu rafise. Ch'inacha tokko namicha rafu keessa fuud'e, Waaqi Nama Uwwa ch'inacha Adamu irra mid'aasse. Nami uwwa ka Waaqi mid'aasse waheela male Adamuu tahe.



Waaqi waan ch'ufa guyya sadi keessatti  
mid'aasse. Duuba Waaqi guyya torbessoo  
eebbise, guyya boqota tolche. Obru Edeni  
keessaatti, Adamufi Hawaani nitiini isa  
gammada qit'ooma qabu qabani ka Waaqa  
salfatani. Waaqi ABBA worraati, ka  
waan worri fed'u worra keennufi  
ammalle jaala worraati.



Gaafa Waaqi Waan ch'ufa mid'aasse

Odu tokko ta Dubbi Waaqa, Bibliaa,

Fula keessatti argani

Uumama 1-2

"Fuloni Dubbi teeti ibse keenniti."

Faaruu 119:130



Buufata



Bibliani odu Waaqa jaba tokko ka nu  
uume ammalle si isa beettu fed'u nutti hima.

Waaqa himbeekha akka nu waan hamtu hojjanne,  
ta Inni ch'ubbu jed'uuni. Gatini daba duisa, ammo Waaqi  
guddo si jaalata Inni Ilma Isa tokkocha, Yeso, erge akka inni  
maskali irratti due ch'ubbu tantetiifi d'aanamu. Duuba Yesoni  
jireennatti deebie Gubbaattiitti gale! Yo atini Yeso d'ugefatte  
ammalle akka Inni ch'ubbu si araaramu kad'ate, Innis ii tolcha  
akkasi! Inni d'ufe si keessa taa ammantana, atilleni  
Isani wolini haga jiru jireenna teetta.

Yo atini d'uga tana d'ugefattu, waan kana Waaqani jed'i:  
Yeso Kiyya, Anini hind'ugefadd'a Atini Waaqa, ammalle nama taate  
akka marro ch'ubbu tiyyatiifi naa dootu, Atini ammantana hinjirta.  
Jireena kiyya keessa seeni ch'ubbu tiyya na araarami, akka anini  
jireenna haraa ammantana argadd'u, ammalle akka guyya tokko  
d'aqe si wolini haga jiru jireenna tau. Akka anini si selfadd'e akka  
Ilmaan tanteeti si wolin jiraadd'u na dandeessisi. Amin.

Biblia soomi Waaqani wolini hasai guyya ch'ufa! Yohana 3:16

